# QAACCESSA SADOOMMII KITAABA WALALOO ‘MIL’UU MUL’ATAA’

BAQQALAA MARACII NAGAWOO

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR - AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII, KOLLEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

FULBAANA, 2014/2021

ADDIS ABABAA

# QAACCESSA SADOOMMII KITAABA WALALOO 'MIL'UU MUL'ATAA'

BAQQALAA MARACII NAGAWOO

GORSAAN: TOLEMAARIYAAM  FUFAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR - AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII, KOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

FULBAANA, 2014/2021

ADDIS ABABAA

**Baafata**

Qabiyyee Fuula

Baafata ..... i
Axereeraa ..... iii
Galata ..... iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ..... 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ..... 3
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ..... 3
1.3.1. kaayyoo Waliigalaa ..... 3
1.3.2. Kaayyoowwan murtaa'oo ..... 3
1.4. Faayidaa Qorannichaa ..... 4
1.6. Hanqina Qorannichaa ..... 4
1.7. Mala Qorannichaa ..... 5
1.7.1. Saxaxa Qorannichaa ..... 5
1.7.2. Madda Ragaalee Qorannichaa ..... 5
1.7.3. Meeshaa Funaansa Ragaalee ..... 5
1.7.4. Tooftaa Xiinxala Ragaalee ..... 5
BOQONNAA LAMA: Sakatta'a Barruu ..... 6
2.1. Sakatta'a Barruu Yaadirimee ..... 6
2.1.1. Maalummaa walaloo ..... 6
2.1.2. Gosoota walaloo ..... 6
2.1.2.1. Walaloo Seenessaa ..... 7
2.1.2.2. Walaloo Mirrisaa ..... 7
2.2. Caacculee Walaloo ..... 7
2.2.1. Filannoo Jechootaa ..... 7
2.2.2. Birsaga ..... 8
2.2.3. Bilbila Sagalee ..... 8
2.2.4. Yeedaloo ..... 8
2.2.5. Sarara ..... 9
2.3. Sadoommii ..... 9

2.3.1. Faayidaa Sadoommii ........ 10
2.4. Akaakuuwwan Sadoommii ........ 10
2.4.1. Akkasaa ........ 10
2.4.2. Nameessuu ........ 11
2.4.3. Bakkasaa /Iddeessuu/ ........ 11
2.4.4. Agiboo /Habalaka/ ........ 12
2.4.5. Arbessuu /Gurguddeessuu/ ........ 12
2.4.6. Sobdhugaa /Mitihee/ ........ 12
2.4.7. Fakkoommii /Mallattoo/ ........ 13
2.4.8. Tuqsee ........ 13
2.4.9. Atee /Jedhiyaadi/ ........ 13
2.5. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii ........ 13
BOQONNAA SADII: QAACCESSA RAGAALEE ........ 16
3.1 Seenaa Gabaabaa Kitaaba Walaloo Mil'uu Mul'ataa ........ 16
3.2. Qaaccessa Sadoommii ........ 17
3.2.1. Akkasaa (Simile) ........ 17
3.2.2.Nameessuu (Personification) ........ 18
3.2.3. Arbeessuu (Hyperbole) ........ 20
3.2.4.Bakkasaa (methaphor) ........ 23
3.2.5. Sobdhugaa (Mitihee) (Paradox) ........ 26
3.2.6. Agiboo (Habalaka) (Irony) ........ 30
3.2.7. Fakkoommii (Mallattoo) (Symbolism) ........ 33
3.2.8. Tuqsee (Allusion) ........ 35
3.2.9. Atee( Jedhiiyaadi) (Apostrophe) ........ 38
BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 41
4.1. Cuunfaa ........ 41
4.2. Argannoo ........ 41
4.3. Yaboo ........ 42
WABII ........ 43

## Axereeraa

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa  sadoommii kitaaba walaloo “Mil’uu Mil’ataa” keessatti argaman addaan baasuun qaaccessuudha. Milkaayina kaayyoo kanaafis kitaaba walaloo “Mil’uu Mul’ataa” jedhu bifa sakatta’a dookumeentiin sakatta’ameera.Qorannoon tokko mala ittiin adeemsifamu qaba.Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti malli qorannoo akkamtaa hojiirra ooleera. Akkasumas iddattoo akkayyootti tajaajilamuun qorannoon kun gaggeeffameera. Gosoonni sadoommii kitaaba walaloo kana keessatti argamaniis lakkoofsan sagal yoo ta’an, isaanis: nameessuu, akkasaa, arbeessuu, iddeessuu, mitihee, tuqsee, ate, agiboofi mallattoodha. Dabalataanis sadoommiin kitaaba walaloo kana keessatti akka haala salphaa ta’eeniifi wanta jedhamuuf yaadameen alatti dubbisaan yookaan dhaggeeffataan yaada waloo hubatuuf sadoommii gargaaruun isaa argannoo hojii qorannoo kanaati. Qammolee ijaarsa walaloo keessa qorannoon kun sadoommii qofa kan ilaalu waan ta’eef, qorannoon biraa qaamota biraa kitaaba walaloo kanarratti osoo adeemsifamee kan jedhu, yaada furmaata qoratichi lafa kaa’edha.*

## Galata

Hojii koo kana akkan galmaan ga’uuf dursa irratti isa hirkoofi hirphaa naaf ta’e, Uumaakoof galanni isaa galaana. Itti aansuun immoo gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf taasisaa ture gorsaakoo Dr. Tolamaariyaam Fufaa galata jabaa na biraa qabdu. Dhuma irratti maatiikoofi hiriyootakoo hojiikoo irratti najajjabeessaa turan galateeffachuun barbaada.

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Qorannoon kun qaaccessa sadoommii kitaaba walaloo “mil’uu mul’ataa” jedhu irratti kan xiyyeeffatedha .walaloon gosoota ogbarruu keessaa tokko ta’ee, innis amala ogbarruu biroo irraa adda isa taasisu kan qabudha. Amaloota kanneen keessa tokko bifa gabaabina qabuun dhihaachuufi walunata sagalee, durdura, dhikkisaafi safara kan qabudha. Walaloo kanas haayyoonni iddoo garaagaraatti kan qoodanidha.

Haaluma kanaaan Misgaanuun (2012:44) irratti gosoota walaloo akkana jechuun qooda.*“walaloon tokko barreeffamaan muul’atamoo, afaaniin dubbatama kan jedhu irratti xiyyeeffata. Innis bifa afwalaloofi bifa barwalaloon muul’achuu danda’a”* jedha.

Yaada kanarraa kan hubannu, walaloon afaanumaan dhalootarra gara dhalootaatti darbu qaama ogafaanii yoo ta’u, innis afwalaloo jedhamee beekama. karaa biraa immoo walaloon barreeffaan darbu niijira. Innis dhalootaa dhalootatti, hawaasaa hawaasatti, namarraa namatti barreeffamaan darba.Isa kanaanimmoo barwalaloo jennaani. Qoqqooddi gosoota walaloo kanaa ilaalchisee Birhaanuun (2009:97) irratti baldhinaan kan kaa’uufi kaayyoo isaa irratti hundaa’uun bakka gurguddoo lamatti qooda. Isaanis: walaloo mirrisaafi walaloo seenessaati jedha. Walaloon kunis qaamota addaa addaa irraa kan ijaaramedha. Qaamota walaloo tokko ijaaran keessaa muraasni filannoo jechootaa, sadoommii, bilbila sagalee, safaraafi dhikkifata fa’adha. Yaaduma kana irratti Birhaanuun (2009:102) irratti qaamonni walaloon tokko irraa ijaaramu kanneen walaloon tokko akka dubbisuuf namaaf toluuf, akka nama hawwatuufi haala saiphaan akka hubachuun danda’amu taasisanidha. Yaada kana irraa kan hubannu qaamonni walaloon qokko irraa ijaaramu kanneen walaloon tokko akka nama hawwatuufi miidhagina horatee ofitti nama harkisuu danda’uuf kan itti fayyadamaniidha.

Qaamota walaloon tokko irra ijaaraman kanneen keessaa sadoommii fudhannee yoo ilaalle, malleen dubbii barreeffama tokko akka inni hiika dhanquu yookiin hiika dacha qabaachuu danda’uufi jechoota kana duubas hiika dhokataa ruuquun dubbistoonni akka gadi fageenyaan xiinxaluun hiika barabaadan bira akka gahan kan taasisuudha.

Misgaanuun (2012:75) irratti waa'ee malleen dubbii akka ibsetti, sadoommiin kun wanta lubbuu hinqabne akka lubbuu horatuuf, kan dimimmise akka ifuuf, wanti xiqqoon akka guddatee mul'atuuf kan itti fayyadamnudha jedha. Akka yaada kanaatti wanti lubbuu hinqabne tokko bakka wanta lubbuu qabuu bu'uudhaan dhimma sana dhugoomsuudhaaf akka wanta lubbuu qabuutti gocha sana raawwachiisuudha. "Figurative speech are non-literal ways of expressing one thing interms of another figurative speech includes smile, methaphor, personification etc"

Birhaanuu, (1999:104).

Malli dubbii wanta barreeffamaniin alatti kallattii biraan wanti tokko kanbiraatiin ibsamuu nidanda'a. Malli dubbiis kanneen haammachuu danda'a. Isaanis kanneen akka: bakkasaa, namoomsuu, xuqseefi kkf fa'aadha.

Yaada kanaan walqabatee Fedhasaan (2013:97) irratti akkas jechuun ibsa. "Dubbiileen qolaa yookiin sadoommiin akakuuwwan hedduu qaba .Isaan keessaa muraasni, akkasaa, bakkasaa, namoomsuu, arbeessuu, agboo, sodhugaa, fakkoommii fi kkf dha."Jedha.

Walumaagalatti sadoommiin akkaataawwan dubbii yaada walaloo tokkoo ifa gochuu danda'anidha. Mala kanaanis dubbataan yookaan dhaggeeffataan walaloo caqasaa jiru irraa ka'ee, manaaba isaatiin qaari'ee wanta ibsamaa jiru sana akka hubatu, sammuu isaa keessatti yaad-fakkiin akka daawwatu, darbees wantoota miira isaa shananiin miireffatu mara addunyaa yaadaa keessa seenee yaadaan akka abuuru isa taasisa. Sadoommiin dhimma tokko kan ibsu haala galumasaafi hiika jechootaa yookaan gaaleewwanii kan barataman irraa bifa adda ta'een yookaan yaada addaafi fudhatamaa (filatamaa ta'een) cimsee kan ibsudha. Kunis haalli itti uumamu keessaa amala, miira gochaafi haala waliin dorgomsiisuun, fakkeessuun, amala isa tokkoo kan biroof kennuun jijjiiruufi bakka buusuunidha. Kana jechuun wanti hubatamu malli dubbii haala addaddaa keessatti kan gargaaru ta'uu isaati. Kunis, hiika jechootaa barreeffama keessattis ta'ee, dubbii keessatti haala duraan beekamu sana irraa haala adda ta'een kan itti gargaaramnu waan ta'eef hiikni jechoota achi keessatti argamanii hiika kallattii osoo hin taane, akkaataa namni dubbisu hiika itti argachuu qabaniin kan hiikamudha. Sadoommiin barreeffamoota yaad-uumeefi dubbii haasa'amu tokko amansiisaa taasisuuf gahee guddaa tabata.

Haaluma kanaan qorannoon kun kitaaba kuusaa walaloo "mil'uu mul'ataa" keessatti barreessaan gosoota sadoommii akkamiittiin akka fayyadamee ergaa isaa dabarfate qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Yeroo amma kanatti ogbarruun Oromoo gama barreeffamaan waan guddachaa jiru fakkaata. Ogbarruu barreeffamaa kana keessaa Asoosamni erga barreeffamuu eegalee kaasee guddina waaraa argamsiisuun sadarkaa dursaa irratti argama. Gama fiilmiifi walaloon yoo ilaalle immoo hanga kan asoosama ta'uu baatullee, yeroo ammaa kanatti jalqabbii gaariitu muul'ata. Kana jechuun kitaabonni walaloo hedduun namoota garaagaraan yeroo garaagaraatti barreeffamaa jiru jechuudha.Kitaabolee walaloo kana keessaa kitaabni walaloo "mil'uu mul'ataa" isa tokko dha.Haa ta'u malee qorannoowwan hedduun akkuma baay'ina hamma barreeffameen dursu, kitaaba Asoosamoota irratti gaggeeffamanii jiru. Amman qorataan kun sakatta'uuf yaaletti qorannoowwan kitaaba walaloo Afaan Oromoo irratti taasifaman muraasadha. Kanarraa ka'uun qorataan kun kitaaba walaloo "mil'uu mul'ataa" irratti gama sadoommii isaatiin qaaccessa gochuuf isa kakaasera. Hanga qorataan kun sakatta'a taasisetti kanaan duratti kitaaba walaloo kana irratti qorannoon gama kanaan taasifame hin jiru.

Haaluma kanaan qorataan kun gaaffilee bu'uraa armaan gadii qorannoo isaa keessatti deebisuuf qophaa'era.

- Gosoonni malleen dubbii kitaaba walaloo kana keessa jiranii maal fa'aa?
- Faayidaan malleen dubbii kitaaba walaloo kana keessattii maalii?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoowwan qorannoo kanaa akka armaan gadiitti kaa'amaniiru. Haaluma kanaan qorannoon kun kaayyoowwan gooroofi gooree irratti buu'uureeffata.

### 1.3.1. kaayyoo Waliigalaa

Kaayyoon walii gala qorannoo kanaa gosoota sadoommii kitaaba walaloo "mil'uu mul'ataa" keessatti argaman qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoowwan murtaa'oo

Kaayyoon murtaa'oon qorannoo kanaa;

- Gosoota sadoommii kitaaba walaloo “mil’uu mul’ataa” kana keessatti argaman addaan baasuun agarsiisuu
- Faayidaa sadoommiin kitaaba walaloo “mil’uu mul’ataa” kana keessatti qabu agarsiisuun dhiyeessuu

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Faayidaa qorannoo jechuun qorannoon kun erga adeemsifamee raawwateen booda qaamni inni fayyadu eenyu fa’ii? jennee bakka itti eerruudha. Haaluma kanaan qorannoon kun erga hojjetamee xummurameen booda qaamolee armaan gadiitti barreeffaman kana kan fayyaduu danda’uudha.

- Namoota walaloo barreeffamaa kan biroo irratti qorannoo geggeessuuf fedha qabaniif akka ka’umsaatti kan gargaaruu ta’a.
- Madda ragaa ta’ee tajaajila nikenna.
- Adeemsa baruufi barsiisuu ilaalchisee namoota afaan kana barataniif barsiisaniif nifayyada.
- Guddina ogbarruu oromoof gumaacha nigodha.
- Afaan Oromoof ogbarruuwwan oromoof gahee isaan qorannoofi qo’annoo keessatti godhan akka cimsataniif fayyaduu nidanda’a.

## 1.5.Daangaa Qorannichaa

Daangaa qorannoo jechuun qorannoon kun naannoo kamitti akka geggeeffamuufi bal’ina qorannoo kan ilaallatuudha. Qorannoo kana keessatti wantoota baay’ee kaasuun nidanda’ama. Garuu xiyyeeffannoon isaa sadoommii kitaabicha filatame keessatti argaman qaaccessuu waan ta’eef adeemsa isaa keessattis daangaa kana irra osoo hin buune kan xumuramuudha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Hanqina qorannoo jechuun bakka itti yeroo adeemsa hojii qorannoo hojii tokkoo qaama qorannoo adeemsisu tokko mudataniifi qorannoonumti sun hanqina inni qabu itti heeramanidha. kanumarraa ka'uun qorannoo kana yeroo adeemsisutti qorataa rakkoowwan akka baasii qorannichaaf malu dhabuufi yeroon jalaa gabaabbachuun isaan duraa yoo ta'an, akka qaama qorannichaatti immoo, qorannoon kun qaaccesssa malleen dubbii irratti qofa waan xiyyeeffatuuf, wantoota biro ilaaluu dhabuun hanqinadha.Sababni isaa Kitaaba walaloo kana kessatti wantoota

akka ergaa walaloo kanaa, suuressuu barreessichi dhimma itti ba'e, hanqina gama sirna tuqaaleen muul'atu, itti fayyadama afaanii, akkataa ijaarsaafi wal unata bo'oowwaniifi sagaloota ilaaluun nidanda'ama ture. Garuu akkuma durarratti tuqame yeroon barnoota sababa dhukkuba Covid-19n waan jeeqameef yeroon gabaabbachuun kanneen ilaaluu hafuun hanqina hojii qorannoo kanaati.

## 1.7. Mala Qorannichaa

### 1.7.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannaan kun sababa yaadrimee haaraa gosa sadoommii walaloo barreeffamaa kana keessa jiru qaaccessuun addaan baasee agarsiisuf kaayyoo irratti hundaa'uun qorannoo bu'uuraa jalatti ramadama. Bifa inni dhiyaatuun qorannoon kun waa'ee qaaccessa sadoommii kitaaba walaloo kanaa waan ibsuuf qorannoo ibsituu jalatti ramadama.

Madda raga isaa irraa odeeffannoo yaadrimeen funaanuun raga argates qaaccessee yaadrimeen waan dhiyeessuuf akaakuu ragaaleefi tooftaa ragaalee ittiin funaanu irratti hundaa'uun qorannoo yaadrimeetti dhimma baha. Kanumarraa ka'uudhaan qorataaan kunis, qorannoo kana hojjetee xumuruuf malawwan kanatti dhimma baha.Akaakuu sadoommii kitaabicha keessaa baasuun erga tarreesseen booda, akaakuuwwan sadoommii gosa gosa isaaniitiin qooduun tokko tokkoon kutaa qaaccessa ragaalee keessatti qaaccessuun qorannicha geggeessa.

### 1.7.2. Madda Ragaalee Qorannichaa

Qorataan madda ragaalee qorannichaa gaggeessuuf itti fayyadame kitaaba walaloo "mil'uu mul'ataa"jedhudha.Dabalataannis kitaabileefi qorannoowwan waa'ee sadoommii irratti kanaan dura barreeffamaniifi hojjitaman irrattidha.

### 1.7.3. Meeshaa Funaansa Ragaalee

Qorataan qorannoo kana gaggeessuufi argannoo irra ga'uuf meeshaan funaansa ragaa sakatta'insa kitaabilee,qorannoo biroofi kitaaba walaloo "mil'uu mul'ataa" jedhuuti.

### 1.7.4. Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Tooftaan xiinxala ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisaa ta'e, xiinxala yaadrimee/akkamtaadha/. Sababni isaas xiinxalli qorannoo kanaa lakkoofsaan osoo hin taane yaadirimeedha.kanaaf waa'ee sadoommii kitaaba walaloo kanaa haala kanaan kan xiinxalamudha

# BOQONNAA LAMA: Sakatta'a Barruu

## 2.1. Sakatta'a Barruu Yaadirimee

Mata duree kana jalatti yaaxxinaalee mata duree kanaan walfakkaatan kitaabilee garaagaraa keessatti argaman funaanuun jechoota Haayyotaatiin deeggaruun bal'inaan dhiyaataniiru.

### 2.1.1. Maalummaa walaloo

Jechi " walaloo" jedhu afaan Giriikii *"Poeim"* jedhamurraa kan dhufe yemmuu ta'u, hiikni isaas tolchuu jechuudha. Walaloon akka ilaalcha warra Giriikitti bu'ura ogbarruu ta'ee kan bara dheeraaf tajaajila kennaa turedha. Birhaanuu (1999:75) irratti walaloon hojii uumee keessaa tokko ta'ee kan jechoota filatamoodhaan qindaa'eefi haala namni kamiyyuu itti dubbaturra adda ta'ee kan dhiyaatudha. Yaaduma kana bu'uureeffatee Show (1905:190) irratti akka ibsetti, walalooniti fayyadama afaanii isa olaanaa kan yaada sammuu keessa jiru ciminaan agarsiisuuf yeedaloof miidhagina gonfatee kan dhiyaatuudha. Kana yammuu jennu walaloon yaada ifa jiru ibsuuf kan dhiyaatu osoo hintaane,yaada dhokataa sammuu waloofi hawaasaa keessa jiru ifattti baasuuf kan hojjetuudha. Kana malees bashannansiisuuf kan fayyaduudha.

Haaluma kanaan walaloon qindaa'ina barreeffamaa yookiin dubbii yeedaloo ofkeessaa qabuufi kan yaada gadi fagoo sammuu keessa jiru miidhagina afaaniitiin olkaasee agarsiisuun akkasumas bohaarsuuf dhiyaatuudha. Kanaafuu, walaloon yeedaloofi miidhagina gonfatee yaada gadifagoo olbaasee mul'isuuf kan dhiyaatu ta'uu isaati.

Walumaaagalatti,walaloon tokko akka nama hawwachuu danda'uuf miidhagina gonfachiifnee kan dhiyaatudha.

### 2.1.2. Gosoota walaloo

Gasoota walaloo ilaalchisee Haayyonni bakka addaa addaatti qooduun kaa'aniiru.Akka Misgaanuun (2012:44) irratti gosoota walaloo bakka lamatti qoodeera.Innis afwalaloofi barwalaloodha jedheen qoodee ka'eera. Kanamalees, Birhaanuu (1999:76) irratti, baldhinaan kan ibsu yoo ta'u, kaayyoo irratti hundaa'uun bakka gurguddoo lamatti qooda. Isaanis: walaloo mirrisaa (Lyric poetry)fi walaloo seenessaa (Narrative poetry) jechuun bakka lamatti qooduun ibsa kenna.Haaluma kanaan qorannoon kun gosoota walaloo seenessaafi walaloo mirrisaa irratti hundaa'uun ibsi bal'aan kan itti kennamudha.

#### 2.1.2.1. Walaloo Seenessaa

Akaakuun walaloo kun seenaa tokko kan nutti himuufi gochaawwan achi keessatti raawwataman kan ibsudha. (Isuma:77) irratti akka ibsutti gosti walaloo kun kan jaalalaafi namoota gootummaan beekkaman akkasumas faaruu waaqa kan of keessaa qabudha.

#### 2.1.2.2. Walaloo Mirrisaa

Akaakuun walaloo kun haala miiraa namatti dhaga’ame ifa godhanii ibsanidha. Walaloon akkan kun gadda,gammachuu, dhiphina, fedha, qeeqa waloo sanatti dhaga’amefi hawaasicha keessatti muul’atu kan bakkee buusee agarsiisudha.Weedduun jaalalaafi mararoon durbaa gosa walaloo kanaaf fakkeenya kan ta’anidha.

## 2.2. Caacculee Walaloo

Walaloon tokko walaloo jedhamuuf caacculee qabaachutu isa barbaachisa. Caacculeen kunninis walaloon tokko miidhagina akka godhatuuf kan tajaajiludha. (Isuma, 81-84) akka jedhutti afwalaloos ta’ee walaloon barreeffamaa caacculee irraa ijaaraman hedduu of keessa qaba. Isaan keessaa kanneen bu’uraa ta’an; filannoo jechootaa, birsaga, bilbila sagalee, yeedaloo, sarara, malleen dubbiifi kan kana fakkaatanidha.

### 2.2.1. Filannoo Jechootaa

Jechoonni qaama walaloo isa guddaadha.Barreessaan jechoota filachuun yaada dabarsuu barbaade bakka buusuufi fayyadama jechootaa waloon tokko walaloosaa keessatti itti yaadee godhudha.Yaada kana irratti (Isuma, 81) irratti akkkana jechuun ibsa.

*“*Adeemsi filannoo jechootaa walaloo keessatti kan asoosamaafi diraamaa caalaa xiyyeeffannaa kan barbaadudha.” jedha. Kana jechuun barreessaan yemmuu walaloo kalaqu jechoota mimmiidhagoo walsimannaa qabaniinfi akka nama hawwatutti itti yaadee kan ijaarudha. Yaada kana ilaalchisee Fedhasaan (2013:86) akkana jechuun ibsa; barreeffama yookiin dubbii keessatti tarreeffamni jechootaa waloon uumaman bu’ura.Walaloo keessatti jechoota filachuun kan asooosamaafi diraamaa caalaa of eeggannoo barbaada. sababnisaa jechoonni kan filataman hiika sagaleef qabanirratti hundaa’uunidha. Xiyyeeffannaa jechootaa kunis yeroo raawwataman haalaafi bakka ittigalaniin xiyyeeffatamuu qabu.Haala kanaan tartiibni jechootaafi waldhahuu jechootaa sagalee, cimina sagalee, bu’aa sagaleefi suuraa miiraa uumuu irratti xiyyeeffannoodhaan qindaa’u.

### 2.2.2. Birsaga

Birsagni qindoomina sagalee dubbifamaafi dubbachiiftuu ta'ee bakka itti yeroo sagalee tokko dubbisnu hafuurri addaan citudha.kana jchuun jecha yookaan kutaawwan jechaa kan hafuura tokkoon dubbifamee xummuramudha. Birsagni sagaleefi yeroo jechi tokko dubbifamuuf ittifudhatu kan agarsiisuudha. kanaafuu walgitiinsi yeroo sararoonni walaloo itti dubbifamanii birsagaan safaramuu isaaniiti.

### 2.2.3. Bilbila Sagalee

Walfakkeeyyi sagaleewwan walaloo tokkoo ijaaranii jaiqaba, gidduufi dhuma sarara walaloo irratti  uumamuu nidanda'a. Walfakkeenyi gaaleewwanii kunis bakka uumamaafi haala uumama sagaleewwanii yoo ta'u, Akka Zarihuun (1992:78) irratti jedhutti dubbifamaa yookiin dubbachiistuu irratti xiyyeeffachuu danda'a. Sagaleen kun miidhagina  gonffachiisuu keessatti iddoo olaanaa kan qabudha. Yaaduma kana deeggaruun Fedhasaan (2013:88) irratti akka ibsutti;Walaloon sagaleeffamuu barbaada; sagalee dhaga'amutu  miidhagina uuma. Ilmi namaa immoo sagalee gurratti tolu dhaggeeffachuu jaalata.Kanaaf jechoonni akka sagaleef gumaachaniin filatamuu qaba jedhame.Sagaleen waloof bu'aa guddaa qaba. Miidhagina gonfachiisuu keessatti haalli sagaleeffamuu bakka guddaa kan qabuufi miidhaginni dhikkisa walaloo tokkoo sagaleerraa madda.Kunis dhamdhama mi'aawaa akka qabaatu godha. Kana malees walaloo sana amala miidhagaa gonfachiisa.

### 2.2.4. Yeedaloo

Yeedaloon birsaga, gaaleefi sarara walaloo keessatti kan muul'atuufi wal madaallii isaatiin kan uumamudha. Akka Show (1905:324) irratti ibsutti; yeedaloon yaa'ina sagalee jechoota walmadaalaniin jechoota walaloo sanaa ijaaru. Harka irra caaluun immo wal simannaa lakkoofsa birsagoota kan sarara walaloo keessatti argamaniitiin kan uumamudha.Kanaafuu,yeedaloon tokko tokkon sarara walaloo keessatti kan argamu ta'ee walsimannaa birsagaa irratti kan hundaa'udha.

### 2.2.5. Sarara

Sararri sararoota walaloon kan qindaa'ina jechootaafi gaaleewwaniitiin ijaaramanii waliin cabsata (stanza) walaloo uumanidha. Zarihuun (1992:78) irratti akka ibsetti; sararoonni walaloo walgitinsa akka qabaataniifi gaaleewwan wal madaalan irra ijaaramu qaba.

Akka Show (1905:265) irratti jedhutti immoo jechoonnifi gaaleewwan birsagarraa waan ijaaramaniif qindoominas birsagoota murtaa'oo kan lakkoofsaan wal gitaniti. Kanaafuu, sararoonni cabsata walaloo tokkoo yeroo wal gitu keessatti kan dubbifamanidha.

## 2.3. Sadoommii

Namoonni garaagaraa  kitaaba garaagaraa keessatti maalummaa dubbii qolaa Ilaalchisuun akka ibsanitti sadoommii ogbarruu barreeffamaa keessatti walquunnamtii namoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti godhan keessatti akkasumas afoolawwan afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu keessatti kan argamu ta'ee jechoota gaggabaaboo ta'anitti fayyadamee ergaa bal'aafi hiika dachaa qabaachuun beekkamanidha. Malleen dubbii akka Zarihuun (1992:105) irratti jedhutti yaada tokko ibsa hoo'aafi cimaa qabuun agarsiisuuf hiika jechaa kan idileerraa maqsuun ittifayyadamuudha.Akkasumas amala waan tokkoo kan biraaf kennuun walbira qabuun dorgomsiisuun, walfakkeessuun, bakka waliibuusuun, yaada olkaasaaniifi gadi buusuun karaa ittiin ibsanidha.

Kunis waan barreessaan hubannoo wantoota naannoo isaatti argaman irratti argaman hundaa'ee dhiyeessudha. Bifa, amala, sochii namaafi bineensotaa, akkasumas uumama biro uumamaan ,bifaan, amalaan, wal hin fakkaanne walitti fiduun kan uumamudha.

Yaaduma kanaan wal qabatee Misgaanuun (2012:75) irratti "Sadoommiin wanta lubbuu hin qabne akka lubbuu horatuu ,kan dimmise akka ifee muul'atuuf,wanti xiqqoon akka guddatee muul'atuuf kan itti fayyadamanidha." jechuun ibseera. Yaada kanarraa wanti hubatamu, wanti lubbuu hin qabne bakka wanta lubbuu qabuu bu'uudhaan akka waan lubbuu qabuutti gocha wanti lubbuu qabu raawwatu raawwachuu akka danda'utti bakka buusuun kan dhimma itti ba'amudha.

### 2.3.1. Faayidaa Sadoommii

sadoommiin faayidaa garaagaraa qaba. sadoommiin yaadota uumeefi kanneen biroo keessatti ,akkasumas barreeffamaafi afquunnamtii keessatti faayidaa garaararaa kan qabudha. Isaan keessaa muraasni akka armaan gadii kanatti dhiyaataniiru.

Sadoommiin amala, gocha, fedhiifi amala namaa yookaan bineensotaa wanta biraa wajjin waldorgomsiisuun, walfakkeessuun, amala isa tokko kan biraatiif kennuuf yookiin jijjiiruuf ,akkasumas wanta tokko kan biraatiin bakka buusuuf kan fayyadudha. Zarihuun (1992:105). Kanarraa kan hubannu malli dubbii amala wantoota garaagaraa wal bira qabuun dhaggeeffataaf yookiin dubbisaaf akka ifa ta'uuf kan gargaarudha.

Haaluma kanaan sadoommiin ergaa yaada tokkoo sammuu keenya keessatti uumuun salphaatti akka nuuf galu taasisa. Sadoommiin tajaajila kana sirriitti qabaachuu kan danda'udha. Akkasumas wantoota naanno keenya jiran jireenya keenya wajjin haala wal qabatan irratti hundoofnee yoo itti fayyadamne caalaatti filatamaa ta'a jechuudha. Kanamalees, sadoommiin waan nutti himame yookiin dhageenye tokko yaanni isaa akka hin dagatamneef fakkii sammuu keessatti uumuun kan tursiisudha.

Akkasumas wanti barreessaan yookaan dubbataan nutti himaa jiru tokko xiyyeeffannaa akka argatu taasisa. Faayidaan sadoommii kan biroon, barreessaan yookaan dubbataan bifa, gocha, amala, boca, yaada haalaafi miira waan tokkoo hammamiin olkaasee yookiin gadibuusee xiqqeessuun akka itti dhiyeesse kan agarsiisudha. Dabalataanis dubbisaan yookiin dhaggeeffataan cimina yaada barreessaan haala kanaan ibsuu barbaade kan tilmaamudha.

## 2.4. Akaakuuwwan Sadoommii

sadoommiin akaakuuwwan ogbarruu sadan: Asoosama, Diraamaafi Walaloo keessatti baay'inaan kan muul'atudha. Akaakuun malleen dubbii yookiin dubbii qolaa akka Fedhasaa (2013:97) irratti ibsutti, "Dubbiileen qolaa akaakuuwwan hedduu qabu. Isaan keessaa muraasni: Akkasaa, Bakkasaa, Arbeessuu, Namoomsuu, Fakkoomiifi kan kana fakkatan" jechuun ibse. Akka yaada kanaatti malleen dubbii gosti torba akka jiranidha.Isaanis akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

### 2.4.1. Akkasaa

Akkasaan wantoota lama kan uumamaan wal hin fakkaanne amala, bifa,haalaafi wantoota biroon wal bira qabanii waldorgomsiisuuf kan itti fayyadamanidha .Akka Fedhasaan Gammachuu

(2001:46) wabeeffachuun akka ibsetti, *"Akkasaan wantoota haala uumamaan wal hin fakkaanne amalaan, hojjaan, guddinaafi kan kana fakkaatuun wal madaalchisuun yookiin wal dorgomsiisuunagarsiisuudha.*" Yaada armaan olii kana irraa kan hubatamu akkasaan wantoota uumamaan tokko hin taane wantoota isaan wal fakkeessu fudhachuun bakka buufnee ittiin ibsuuf kan nu fayyadudha. "Akaakuun sadoommii kun wantoota lama gocha, yaada, amala isaaniin wal dorgomsiisuuf kan uumamudha" Zarihuun (1992:107). haala kanaan ibse.

Kana jechuun amala, gocha, wanta tokkoo fuunee wanta biraan ibsuuf kan oolu jechuudha. Kanaaf jechoota akka, fakkaataa, hammafi kan kan fakkatan fayyadamuun wantoota lamaan sana raawwachuu akka danda'u taasisuudhaan kan itti fayyadamanidha.

### 2.4.2. Nameessuu

Gosti sadoommii kanaa wanta amala namaa hin qabne amala dhalli namaa qabu kennuun akka dhala namaatti want asana hubachiisuufi hojjechiisuun gocha dhalli namaa raawwachuu danda'u akka inni raawwatu gochuudha. Dhimma kana ilaalchisuun Misgaanuun (2012:82) irratti akkana jechuun ibsa."Namoomsuun lubbu qabeeyyii yookaan uumama namaan alaatiif amala namummaa kennuun wanti sun akka namaatti akka dubbatu, kolfu, gaddu, gammadu gochuuf kan itti dhimma bahanidha".jedha.

Kana jechuun amala bineensa yookiin lubbu qabeeyyii birootiif akka gocha namni raawwatu raawwachuu danda'utti kennuudhaan gocha sana raawwachiisuun kan itti fayyadamanidha.

### 2.4.3. Bakkasaa /Iddeessuu/

Bakkasaan wantoota haalaan wal hin fakkaanne wal bira qabuun amala, gocha, bifa, walumaagalatti wantoota inni tokko qabu guutumaa guututti fuudhanii isa biroof kennuun kan uumamudha.Yaada kana ilaalchisuun (Isuma,97) irratti akka ibsutti "Bakkasaan bakka buusa waan lamaati; akkasumas wanta tokko waan biroon bakka buusuun waanuma sana taasisuudha.Yaanni kun kan inni muul'isu wanti bakka bu'uuf deemu sun wanta amala, gocha, bifafi dandeetti wanta bakka bu'amuu sanaa guutumaatti fudhachuudhaan dhimma irratti bakka bu'e sana sanaaf dhaabbatee hojjeta jechuudha".

Yaaduma kanaan kan walsimu Misgaanuu (2012:80) irratti akkana jechuun ibsa, bakkasaan bakka buusa wanta tokkoo kan biraatiif kennuuf tajaajila, amala, bifa, boca namaa, kan

bineensaafi lubbu qabeeyyee garaagaraa fuudhee kan biraaf kennuun guddisee suuraa waan odeeffamuu sana namatti agarsiisa.

Akkuma maqaa isaarraa hubatamu bakkasaan bakka buusa wanta tokkooti.Amalafi gocha wanti qabu fuudhee isa biraatiif bakka buusuun suuraan sammuu namaa keessatti akka uumamu taasisa.

### 2.4.4. Agiboo /Habalaka/

Gosti sadoommii kun addaa addummaa wantoota lamaa kan fakkaatuufi dhugaa ta'e gidduutti kan muul'atudha, Fedhasaa (2012:26). Kana jechuun wanti jedhamuuf ka'eefi wanta jedhame gidduutti hiika faallaatu jira jechuudha. Yaaduma kanaan wal qabatee Birhaanuun (2012:26)

"Another important litrely device is irony. Irony is a technique used when writter says samething but means the opposite." Agiboon kallattii wanti tokko ittiin ibsamu irraa karaa faallaan kan ibsamudha. sadoommii kanaa kan nu fayyadu barreessaan yaada ibsuu barbaade sana karaa faallaa ta'een itti dhimma ba'a.

### 2.4.5. Arbessuu /Gurguddeessuu/

Arbeessuun akkuma maqaa isaa irraa hubatamuttuu waa'ee wanta tokko fudhachuun waa'ee waan sanaa olkaasuun yookaan guddisuun himuudha.

"writer may exagrate or over state that fact in piece of writing" (Isuma, 27) yaada kanarraa kan hubatamu barreessaan dhimma dabarsuu barbaade sana hamma wanti sun ga'uun alatti olkaasuun yookaan gaditti gadi buusuun tooftaa ittiiin waantokko ibsuudha.

### 2.4.6. Sobdhugaa /Mitihee/

Sobdhugaan gosoota sadoommii keessaa tokko ta'ee gama tokkoon dhugaa ta'ee, gama biraatiin immoo soba kan ta'eedha. Kana jechuun sobdhugaan himoota lama kan ofkeessaa qabu yoota'u inni tokko dhugaa yoo ta'e, inni kaan immoo soba ta'a jechuudha. "sobdhugaan irra keessaan waan walfakkeessu fakkaatee yaada dhugaa kan ofkeessaa qabuudha. Akkuma agboo yaada walfaallessu lama ofkeessaa qaba.Irra keessaan yoo ilaalan soba kan fakkaatuufi keessa isaatti immoo dhugaa qabatee kan dhiyaatuudha." Zarihuun (1999:123) .Akka yaada armaan oliitti sobdhugaan waanta gubbaa irraa soba fakkaatee yoo gadifageenyaan xiinxallee hubanne dhugummaan isaa kan mul'atuudha.

### 2.4.7. Fakkoommii /Mallattoo/

Fakkoommiin gosoota sadoommii keessaa tokko ta'ee kan wanti tokko wanta biraa bakka bu'uun abbummaa fudhatuudha. Akka Fedhasaan (2013:99) irratti ibsutti fakkoommiin kan wanti tokko wanta biraa bakka bu'ee mallatteessuun agarsiisuudha. Namni wanta hawwu tokko yaada hiika fuulduraa qabuun olitti yeroo dhimma tokko mallatteessu fakkoommii jedhama jechuun ibseera. Kun kan agarsiisu wanti waantokko bakka bu'e sun utuu waa'ee waan bakka bu'ee sanaa hin ibsin; amala,bifa, gochaafi kkf kan wanti bakka bu'ame sun qabu hunda fakkaachuun akka ofiitti kaasuudha. Fakkeenyaaf waa'ee oromiyaa kaasa yoo ta'e, haadha bakka oromiyaa buusuun haadhaan qabee oromiyaa faarsuu danda'a jechuudha.

### 2.4.8. Tuqsee

Tuqseen gosoota sadoommii keessaa tokko ta'ee waan tokko, bakka wayii,namas ta'ee waan biro maqaa dhahuun akkaataa seenaatiin dhiyeessuuf kan gargaarudha.

Yaada kana deeggaruun Fedhasaan (2012:8) "Tuqxu-seenaan hojii ogbarruu keessatti waa'ee iddoo, namootaafi gochaa karaa muul'atuun yookiin alkallattiin seenaa wabii godhatee hojii biroo keessatti kan agarsiisudha."Jechuun ibseera.

### 2.4.9. Atee /Jedhiyaadi/

Ateen waan nu bira hin jirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiyeessuun kan itti gargaaramnudha. Yaada kana deeggaruun Isaaq (2003:10) Zarihuun (1992:116) wabeeffachuun haala kanaan ibseera. "Ateen waan bira hin jirre tokko namas namaan ala kannen ta'an akka waan nubira jiranii nu dhaggeeffachaa jiraniifi deebii nuuf keennuu danda'aniitti fudhachuun,gaaffii gaafachuu, marii wajjin taasisuu, haasofsiisuu, guddisuun yookiin kofalchiisuu irratti hundaa'ee mala dubbii uumamudha".

Yaada armaan olii kana irraa hubachuun akka danda'amutti, sadoommii kana keessatti lubbu-qabeeyyiifi lubbu-maleeyyii kamiyyuu kan nutty dhihoo hin jirre tokko akka waan nu bira jiruutti itti dhiyaachuufi haasofsiisuun malli dubbii muul'atu atee ta'uu isaa hubachuun kan danda'anmudha.

## 2.5. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Mata duree sakatta'a qorannoo walfakkii jedhu kana jalatti qorannoowwa namoota biroon qorataman ta'anii kan qorannoo kanaan wal fakkaatan bakka itti sakatta'amanidha. Kanaafuu, qorannoowwan wal fakkii qorannoo kanaan walfakkaatan haala armaan gadiin ibsamaniiru.

Isaaq Bariisoo qorannoo isaa (2003) mata-duree "*Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubeefi Kumee kumaatamaa*jedhu irratti kan xiyyeeffatuudha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffameedha.

Ahmad Mohammeed qorannoo isaa (2012).mata-duree "*Xiinxala Sadoommiiwwan Walaloo "A''AA!" jedhu irratti kan xiyyeeffateedha*. Qorannoon kun kan gaggeeffame ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannoo kana waliin dhimma mala dubbiin walqabatuufi haala qaaccessasaa irratti kan walfakkaatudha.

Ibsaa Addunyaa qorannoo isaa. (2016). mata-duree "*Qaaccessa itti fayyadama malleen dubbii walaloo Anaa'iyaa keessatti "* kan gaggeeffameedha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii lammataa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannoon isaa kun qorannoo kana waliin wanti wal isaan fakkeessu akaakuu malleen dubbii, hiika isaanii tarreessuun fakkeenya waliin dhiheessuusaati

Sinqinash Alamuu. (2019). mata-duree "*Qaaccessa Malleen dubbiifi Suuressuu Walaloo Obonboleettii keessatti*" Qorannoon kunis ulaagaa digirii lammataa guuttachuuf kan geggeeffame yoota'u, qorannoon ishee kun qorannoo kana waliin wanti wal isaan fakkeessu akaakuu malleen dubbii hiiika isaanii wajjin tarreessuun fakkeenya waliin dhiyeessuu isaati.

Dinqee Galataa. (2019). mata-duree *"Xiinxala Sadoommii Asoosama Dheeraa Arraa Gurbaa*" Qorannoon kunis ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannoon ishee kun qorannoo kana waliin wanti wal isaan fakkeessu waa'ee malleen dubbii irratti ibsa bal'aa kaa'uun dhiyeessuu isheetidha.

Haaluma kanaan garaagarummaan qorannoowwan kanneeniifi qorannoo kanaa akka armaan gadii kanatti bifa gabaabbina qabuun dhiyaate jira.

- Qorannoowwa armaan olii sakatta'a itti fayyadama sadoommii irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, qorannoon kun immoo qaaccessa sadoommii kitaaba filatamee keessatti kan adeemsifamedha.
- Qorannoon armaan olii waa'ee sdoommii kitaaba Asoosama keessatti kan ilaalan yoo ta'u, qarannoon kun immoo kitaaba walaloo filatamee keessatti sadoommii barreessaan itti gargaarame kan qaaccessudha.


- Qorannoon armaan sadoommiifi suuressuu kitaaba walaloo heerame keessatti kan qaaccessu yoo ta’u, qorannoon kun immoo qaaccessa sadoommii irratti kan xiyyeeffatedha.

Haaluma kanaan qorannoon kun qorannoowwan armaan oliitti heeraman kana irraa garaagarummaa niqabaata.

# BOQONNAA SADII: QAACCESSA RAGAALEE

## 3.1 Seenaa Gabaabaa Kitaaba Walaloo Mil'uu Mul'ataa

Kitaabni Walaloo Mil'uu Mul'ataa jedhu kun bara 2020/6414/ tti Dirribaa Biiftuun kan barreeffameedha. Kitaabni kun fuula 83 kan qabu yoo ta'u, qabiyyeewwan garaagaraa yookaan matadureewwan saddeettama kan ofkeessaa qabuudha. Kitaabni walaloo kun qabiyyeewwan dhimmoota kanneen akka siyaasaa, hawaasumaa, dinagdee, amantiifi kkf kan ofkeesstti qabateedha. Akka waliigalaatti, qabiyyee kana haaqabaatu malee, maqaa kitaaba walaloo Mil'uu Mul'ataa jedhu kana qabiyyeewwan kana keessaa fuula 62 irraa fudhatee moggaffachuun kitaaba dhiyaateedha. Barreessan kun kitaaba kanaan alatti kitaaba Asoosaamaa mata-dureen isaa "Booree Boroo" jedhu bara 2013 ALHtti barreesseera. Barreessichi sadarkaa barnootaa digirii duraa kan qabu yemmuu ta'u, Yuunivarsiitii Dabramaarqoos irraa gosa barnootaa "Management"n kan xummuredha.Yeroo ammaa kana Godina Shawaa Bahaa Aanaa Liiban Cuqqaalaa keessatti hojii dhuunfaasaa hojjetee jiraata.



**Fakkii:** 1 Suuraa Kitaaba Mil'uu Mul'ataa agarsiisu.

Waa'ee seenaa kitaaba walaloo kanaa hangas erga jennee booda gara qaaccessa sadoommiiwwan isaatti kan dabarru ta'a.

### 3.2. Qaaccessa Sadoommii

#### 3.2.1. Akkasaa (Simile)

Akkasaan jecha akkaafi fakkaata jedhanitti dhimma ba'uun wantoota lama wal cina qabuun isa tokko isa kan biraatiin kan ilaaludha**.** Kanarraa ka'uun walaloo kana keessatti haala kamiin akka jiruufi qaaccessa isaa waliin akka armaan gadii kanaan dhiyaatee jira.

FKN.1 **Onneen Dhiiga**

*Dhiisuuf maddoon madaa*

*Ciisuuf mudhiin hidhaa*

*Kiisuuf karri cufaa*

*Egaa …………….*

*Baraa baratti*

*Bakkaa bakkatti*

*Akkuma allaattii*

*Barrisuun hamma yoomiitti?*

*……………………………………….(fuula 74)*

Buufata walaloo armaan olii kana keessatti akka sarara torbaffaa irratti "*Akkuma allaattii*" jechuun ibsametti, waloon kun sadoommii jiran keessaa akkasaatti dhimma ba'eera. Buufata kana keessatti waloon kun nama yookaan qaama tokko kan yaada furmaataa dhabuun rakkate tokko Allaattiin wal fakkeessa. Adeemsa wal fakkeessuu isaa kana keessatti immoo, namni sababa rakkinaan bakkas dhabuun, malas dhabuus gidirfamu kun akkuma Allaattii jooraa ta'uu isaatu ibsamee jira.Waloon kun  Kanas immoo kan taasiseef ergaa inni dabarsaa jiru xiyyeeffannoo akka argatuufidha. Egaa buufata kana keessatti haala kanaan jecha "Akkuma"

jedhutti dhimma ba'uun namafi allaatti walbira qabee waan ibseef gosa sadoommii akkasaatti dhimma ba'eera jechuudha.

### 3.2.2.Nameessuu (Personification)

Nameessuun amala dhala namaa, lubbu qabeessa yookiin lubbuu maleessa biroof kennuun dandeettii dhala namaa gonfachiisuun mala ibsuuti.Haaluma kanaan kitaaba walaloo kana keessatti malli dubbii nameessuu fakkeenyota garaagaraa gadiitti tarreeffamaniin dhiyaataniiru.

FKN.2 **Ganaa Ganamte**

*Gaafa ganaan ganamtee*

*Galma ganamaaf gamte*

*Galaan garagaltoon galte*

*Gufuun gala galgalaa gaaditee*

*Guyyaan garmalee gadditee*

…………………………….(fuula 13)

Buufata walaloo armaan olii kana keessattis waloon kun sadoommiiwwan jiran keessaa gosa sadoommii nameessuu jedhamutti dhimma ba'ee jira. Sarara shananaffaa buufata kanaa irratti "*Guyyaan garmalee gadditee"*jechuun kan ibsame amala dhalli namaa qofti raawwachuu danda'u (gadduu)akka waan guyyaan raawwateetti ibsamee jira. Egaa askeessatti waloon kun sadoommii kana kan fayyadameef akka ergaan inni mata duree kana jalatti dabarsuuf yaade haala xiyyeeffannoo argachuu danda'uun akka darbuufidha. Walumaa galatti amala dhalli nama qofti uumamaan raawwachuu danda'u gochaa 'gadduu' fuudhee waan guyyaadhaaf laateef sadoommii nameessuutti dhimma ba'eera jechuu nii dandeenya.

FKN. 3 **Kaayyoo Kiyyeeffamte**

…………………………………

*Haqni yeroof si miitee*

*Kijibni harka kee hiitee*

*Yoo yaanni si nyaatee*

*Yaaddoodhaan duute*

*Har'aa miti qaata*

*Cinqiitu si nyaata*

*Miilli ijibbaataa*

*Maaltu furmaata?* (fuula 39)

Buufata walaloo kana keessattis waloon sadoommii nameessuutti dhimma ba'ee jira. Sarara lammaffaa walaloo kanaa irratti "*Kijibni harka kee hiitee*" jchuun kan ibsame gochaa dhalli namaa qofti uumamaan raawwachuu danda'u gochaa hidhuu, akka waan kijibni yookaan sobni raawwachuu danda'uutti yookaan raawwateetti ibsamee jira. Waloon kun mala dubbii kanattis kan fayyadameef gochaan raawwatamaa jiru sun akka xiyyeeffannoo argatuufidha. Sababa amala nama fuudhuun sobaaf yookaan kijibaaf keennee, gochaa jedhame kana raawwachiiseef waloon kun sadoommii nameessuutti fayyadamee jira.

FKN.4 **<u>Cuqqee Koo Ceekuu koo!!</u>**

…………………………………..

*Aartee boo'aa; hirqaa aadaa*

*Eeggattee baraafi gadaa*

*Dhugaa baddeef badadaa*

*Eegaltee falmachuu gadadaa*

……………………………….(fuula 45)

Mata dureen walaloo kanaa waa'ee gaaraa Cuqqaalaa lallaba.Gaarri cuqqaalaa akka miidhame buufata ibsudha. Egaa waloon kun buufata kana keessatti sarara tokkoffaa irratti akka ibsetti "*Aartee boo'aa; hirqaa aadaa*" jechuun akka ibsetti akka waan gaarri cuqqaalaa akka namaati miirota kanneen akka aaruu, boo'uu, hirquufi aaduu raawwatutti ibsamee jira. Kanaaf waloon

kun amala dhalli namaa raawwatu fuudhuun gaara  kanaaf kennuun amala namaa waan gonfachiiseef sadoommii nameessuutti dhimma ba'eera jechuu dandeenya.

FKN. 5 **Sobaan Sa'a Bittu**

…………………………………..

*Gariin gidiraaf goo'a*

*Kuun funyoo farraa foo'a*

*Haqni karaarraa boo'a*

*Galma ganamaaf loo'a*

……………………………(fuula 50)

Buufata walaloo kana keessattis waloon kun sadoommii nameessuutti fayyadamee jira. Akkaataan itti fayyadama isaas immoo, amala dhalli namaa raawwachuu danda'u gochaa boo'uu akka waan haqni yookaan dhugaan raawwateetti fakkeessuun ergaa isaa haala inni xiyyaaffannaa dubbisaa yookaan dhaggeeffataa argatuuf dhimma itti ba'ee jira.Garuu gochaa boo'uu kana dhugaan yookaan haqni hin raawwatu.Gocha boo'uu dhala namaatu uumamaan raawwata. Waloon kun immoo amala kana dhugaa yookaan haqa gonfachiise jechuudha. Kanumarraa ka'uun waloon kun sadoommii jiran keessaa sadoommi nameessuutti fayyadameera jechuu nii dandeenya.

### 3.2.3. Arbeessuu (Hyperbole)

Arbeessuun mala dubbii amala wanti tokko qabu garmalee ol kaasuun yookaan gadibuusuun ibsuuf kan gargaarudha. Qaaccessi mala dubbii kanaa akka itti aanu kanatti dhiyaateera.

FKN.6  **Madaa Dhoksaa**

*Keechi koo madaa*

*Madaa dhoksaa yaadaa*

*Madaa malas; malaas dhabe*

*Gorsis qorsis; qoqalbii qabe*

*Godaannisni isaa hin mul'atu*

*Kulkulees hin dhikkifatu*

*Firriifi fireen koos naaf hin hubatu*

*Afaan hin qabu hin dubbatu*

*Osoo Keechi koo gubatuu*

*Wayita dhaqni koo dhumatu*

*Hiriyaas hires nan qaba*

*Firri kiyyallee dannaba*

*Faara farroo dabaa*

*Akkamittan faloo dhabaa?* (fuula 8)

Walaloo armaan olii kana keessatti waloon kun sadoommii yookaan mala dubbii arbeessuutti dhimma ba'ee jira. Sarara walaloo kana toora salgaffaa irratti akka "*Osoo keechi koo gubatuu*" jechuun ibsametti namni yookaan qaamni waa'een isaa isaa ibsamaa jiru kun aaruun, gadduun, yoo isa quunnameyyuu, hanga gochaa ta'ee kanaa oliitti haalicha olkaasuun akka waan keessi namichaa gubateetti ibsamee jira. Gochaan aaruu kun haalaan ol kaaafamee sadarkaa gubachuutiin ibsamee jira. Kanarraa ka'uun, waloon kun walaloo filatame kana keessatti sadoommii arbeessuu fayyadameera jechuudha.

FKN.7 **<u>Qaaccoftee Qamaacofte!</u>**

*Qoma qomoo qunxuuxxa*

*Qorqalbii qaaduree qorta*

*Qaroo qarriffaan qoqorta*

*Qaatumaa qunnaan qunxurta*

…………………………(fuula 23)

Buufata walaloo kana keessattis waloon kun mala dubbii yookiin sadoommii arbeessuutti gargaaramee jira. Akka toora walaloo kanaa keessatti sarara sadaffaa irratti "*Qaroo qarriffaan qoqorta*" jechuun ibsametti, waloon kun as keessatti wanti inni ibsuu barbaaade akka qaamni tokko yookiin namni tokko hayyuu yookiin qaroo miidhu, hubu ibsuu barbaadeeti. Garuu haala ta'e kanaan olitti gochicha haalaan olkaasuun akka waan qaroo yookaan hayyuu qarriffaa yookaan ilkaaniin qorqee, ciniineetti ibse. Kanas kan fayyadameef ergaan darbaa jiru xiyyeeffannoo akka argatuufidha. Kanarraa ka'uun waloon kun buufata walaloo kana keessatti, sadoommii arbeessuutti dhimma baheera jechuudha.

FKN.8 **<u>Ulfa Ulfaa</u>**

*Ciniinsuu ulfa yaadaa*

*Isa waadaa aadaa*

*Takka ni hiixata*

*Takka ni miixata*

*Akkamiin obbaafataa?*

…………………………(fuula 42)

Buufata walaloo armaan olii kana keessattis waloon kun sadoommii arbeessuutti fayyadamee jira. Akka toora walaloo fudhatamee kanaa toora tokkoffaa irratti "*Ciniinsuu ulfa yaadaa"* jechuun ibsametti dhiphina yaadaa nama tokko mudatu hanga mudannoo yaadaa sanaan olitti haalaan olkaasuun sadarkaa dhiphinichaa hanga ciniinsuu ulfaatti fakkeessuun ibsee jira. Kanarraa ka'uun ergaan buufata kana keessatti ka'uu barbaade haala ifa ta'een akka fudhatamuuf gosa sadoommii arbeessuutti waloon dhimma bahuun yaada kana ibsee jira.Kanaafuu, sadoommiin arbeessuu hojiirra ooleera jechuu dandeenya.

FKN.9**<u>Miila milkaa'inaa</u>**

................................

*Irreenis si taatu ichima*

*Suutuma buti dhidhima*

*Miidhamtus abdii hin muratin*

*Miila milkaa'inaa hin maratin* (fuula 69)

Buufata armaan olii kana keessattis waloon kun sadoommii arbeessuutti dhimma baheera. Akka toora walaloo sarara duraa yookaan tokkoffaa irra jiru "*Irreenis si taatu ichima"* kanaatti yaadni waloon ibsuu barbaade qal'ina irree harkaati. Haata'u malee sadarkaan inni itti qal'ina irree harkaa kana ibse kun haalaan gadi buusuun hanga muka ichimaatiin qal'ina isaa fakkeessuun kan ibseedha. Kanarraa ka'uun waloon kun sadarkaa waan yaadamee tokko hanga wantichi ga'uun gaditti gadi buusuun waan ibseef waloon sadoommii arbeessuutti dhimma bahuu isaa agarsiisa.

Walumaa galatti sadoommiin arbeessuu wanta tokko hanga ga'uun olitti olkaasuun yookaan immoo gadi buusuun kan ibsamu yoota'u waloon kunis walaloo isaa kana keessatti sadoommii arbeessuu kanaatti dhimma baheera.

### 3.2.4.Bakkasaa (methaphor)

Iddeessuun waan tokko waan biraatiin bakka buusnee ibsuudha. Walaloo keessatti iddeessuun mala dubbii bu'uraa yaadonni garaagaraa ittiin dhiyaatanidha. Walmadaalchisuun bakkasaa keessatti fuulleefi fuulleetti kan hin muul'anne haata'u malee, nijira. Moggaasuma maqaa irraa akka hubannutti amala waan tokko qabu kan biraatiin iddoo buusuun ibsuudha. Mala dubbii kanaan wal qabatee kitaaba walaloo "*Mil'uu Mil'ataa*" keessatti haala armaan gadii kanaan qaacceffamee dhiyaatera.

FKN.10 **<u>Obsuutu Dawaadha</u>**

*Garaan namaa hawaadha*

*Waan baay'ee baata*

*Obsuutu dawaadha*

*Isatu furmaata*

*Isuma obsetu*

*Walaabu too'ata*

*Isa akkanaatu*

*Xannacha moo'ata*

……… ……………………….*(*fuula 18)

Buufata walaloo olii kana keessatti bo'oon walaloo sarara tokkoffaafi sadaffaan sadoommii bakkasaa agarsiisu.Sarara tokkoffaa kana keessatti "*Garaan namaa hawaadha"* jedhu kana keessatti wantoota lama bakka walbu'an argina. Wantoonni bakka walbu'an kun garaafi hawaadha. Walaloo kana keessatti hawaan waan bal'aa jalqabaafi dhuma hinqabneefi garaankan qaama namaa keessaa tokko ta'e waan bali'inni isaa beekamu hawaa kanaan bakka buusuun kan ibseedha. Kun kan agarsiisu waloon kun waan hangi isaa xiqqaa hanga waan bakka buufamuu tokko hin geenye bakka walbuusisuun kan dhimma itti baheedha. Akkasumas sarara sadaffa irratti "*Obsuutu dawaadha"* jedhu kana keessatti immoo, obsafi dawaatu bakka wal bu'ee aragama. Obsi waa'ee waan tokkoo miira tasgabbaa'aa ta'een yaaduu yoota'u, dawaan immoo qorsa.Walaloo kana keessatti obsi kuniifi dawaan bakka walbu'anii argamu. Waloon kun garaafi hawaa, akkasumas obsaafi dawaa bakka walbuusuun dhimma itti bahuun isaa gosa sadoommii keessaa bakkasaatti dhimma bahuu isaa kan agarsiisa.

Walumaa galatti waloon kun walaloo isaa keessatti wantoota uumamaan wal hin fakkaanne yookaan wal hin madaalle bakka walbuusuun dhimma itti bahuun isaa gosoota sadoommii jiran keessaa bakkasaatti dhimma baheera akka jennu nutaasisa.

FKN.11 **<u>Akkamiin Waliin Bulla?</u>**

*Waanjoofi jaajullaa*

*Qabannee walitti duulla*

*Walittis caallee dhullaa*

*Wal dhaabnee qullaa*

*Dubbii dabaa waliirra tuulla*

*Shiraaf shiratti dhundhulla*

………………………………(fuula 24).

Walaloo armaan olii kana keessattis waloon kun sadoommii bakkasaatti dhimma ba'ee jira. Buufata walaloo kana keessatti akka sarara sadaffaa irratti, "*walittis caallee dhullaa"*jechuun ibsametti waloon kun wantoota lama kan uumamaan wal hin fakkaanneefi amala garaagaraa

qaban bakka wal buusee jira. Wantoonni inni bakka wal buuse kunis immo, namoota wal miidhan yookan wal huban sadarkaa hubaatii isaanii sanaafi dhukkuba yookiin dhibee dhullaa jedhamu kan qaama namaa irratti ba'u, keessumaa naannoo qaamota lallaafoo ta'anitti kan ba'ufi madaan isaa haalaan hammaataa ta'edha. Wantoonni kunniin lachuu wantoota uumamaan addaddaa ta'anidha. Haata'u malee waloon kun akka ergaa inni dabarsaa jiru xiyyeeffannoo argatuuf wantoota kana bakka wal buusuun ibsee jira. Gochaa qaamonni yookaan namoonni walirratti raawwatan kana daraan olkaasuun sadarkaa dhukkuba yookaan madaa dhullaa kanaatti ibsee jira. Kanaafuu, wantoota uumamaan wal hin fakkaanneefi wal hin gitne kan waan bakka wal buusuun walaloo kana keessatti dhimma ba'eef sadoommii bakkasaatti dhimma ba'eera jechuu dandeenya.

FKN. 12 **Madaa Iccitii**

.....................................

*Qomootu qomoof qorichaa*

*Gaachana; waliif riqicha*

*Isatu waliif ililcha*

*Waan gaaris biqilcha* (fuula 35).

Buufata walaloo kana keessattis waloon kun mala dubbii yookaan sadoommii bakkasaa fayyadamee jira. Akkuma toora walaloo kanaa sarara lammaffaa irratti, "*Gaachana; waliif riqicha"* jechuun ibsametti waloon kun jabina ergaa dabarsaa jiruuf akka ta'utti, wantoota lama kanneen amala addaddaa qaban lama bakka wal buusee jira. Wantoonni bakka wal bu'an kunneenis immoo, qomoo fi gaachana akkasumas riqichadha. Akkuma beekamu gaachanni yookaan waantaan meeshaa gaafa lolaa keessumaa gaafa lola eeboo qabatan, kan meeshaa diina irraa dhufe ittiin ofirraa qolatan yemmuu ta'u, riqichi immoo kan galaana bishaan guddaa lukaan yookaan lafoo ce'uu hin dandeenye irratti ijaaramuun irra ce'anidha. Egaa waloon kunniin wantoota armaan olii kana qomoon yookaan aanteen yookaanis immoo gosaan bakka buuse. Wantoonni kunneen wantoota uumama addaddaa qabaniifi amala garaagaraa qaban yemmuu ta'an waloon kun wantoota kanneen sadoommii bakkasaa fayyadamuun bakka waan wal buuseef sadoommii kanatti dhimma ba'eera jechuudha.

FKN.12**<u>Fala Faallaa</u>**

…………………………..

*Lafni lafee taatee*

*Ilmaan ishii mite*

*Waa hundi wal balfatee*

*Fuudhee qileetti wal gate*

*Kan walbaasu dhabamee*

*Inumaa ittuu dabalame*

*Fala barbaannaan*

*Falli faallaa argame*

………………………….(fuula 63)

Walaloo kana keessattis waloon kun akkuma fakkeenyota armaan olii sadoommii bakkasaatti gargaaramee jira. Toora walaloo tokkoffaa irratti akka "*Lafni lafee taatee"* jechuun ibsametti waloon kun wantoota lama bakka wal buusee jira. Wantoonni bakka wal bu'an kunneenis immoo, lafaafi lafeedha. Waloon ergaan isaa xiyyeeffannaaakka argatuuf wantoota kanneen bakka wal buuse. Egaa wantoonni kunniin wantoota uumama addaddaa qaban yemmuu ta'an, waloon kun wantoota kana gosa sadoommii bakkasaa fayyadamuun bakka wal buusuun ergaa lafti qabeenya cimaadha jedhu bifa kanaan dabarsee jira.

### 3.2.5. Sobdhugaa (Mitihee) (Paradox)

Gosti mala dubbii kanaa yaada lama of keessaa qaba.Innis yaada "Eeyyee" jedhuufi "Miti" jedhamu of keessatti qabata. Kana jechuun yaada dubbii sanaa "…..miti" yookiin "…..eeyyee" jennee kan xummurru osoo hin taane, deebii lamaanuu keessaa tokko filachuuf akka rakkannu nu taasisa. Kanumarraa ka'uun walaloo "mil'uu mul'ataa" keessatti malli dubbii gosa kanaa fakkeenya waliin haala armaan gadii kanaan qaacceffamee jira.

FKN.13 **<u>Jiruu Du’aafi Jiruu Jidduu</u>**

…………………………………..

*Tanuma keechattuu*

*Yoo yaaddoon gubattu*

*Koodeenis siif hin hubattu*

*Madaadha kee chikee durattuu*

*Kan siif hin beekne homtuu*

*Itti siif hooqa hundumtuu*

…………………………(fuula 25).

Buufata walaloo kana keessatti waloon kun mala dubbii yookiin sadoommii mitiheetti dhimma ba’ee jira. Buufata kana keessa toora lammaffaa irratti “*Yoo yaaddoon gubattu”* jechuun akka ibsametti toora kana keessatti yaadota altokkotti yaadaa dhugaa yookaan soba jennee murteessuun nutti ulfaatu ni agarra. Yaadonni kunneenis immoo, yaaddoon nama miidhuun nama hubuun, miidhuun waanuma jiru dhugumasidha. Garuu, karaa biraan immoo yaaddoon nama gubuun, yaaddoon gubachuun dhugaa irraa kan fagaateefi dhugummaan isaa kan nama amansiisu miti. Toora walaloo filatame kana keessatti egaa yaadota kanneen kan gamtokkoon yaada dhummaa of keessaa qaban gama biraan immoo yaada soba ta’e of keessaa qaban kan eeyyee sirriidha yookaan immoo lakki soba jennee murteessuun nutti cimu waan agarruuf, waloon kun sadoommii sobdhugaatti dhimma ba’eera.

FKN. 14 **<u>Hiriyaa Gantuu</u>**

*Yeroo na bira jirtu*

*Yoo yaada naaf hirtu*

*Gonkumaa na hin qortu*

*Tasumaa na hin dhortu*

*Natti fakkaatee ture*

*Garuu, yaadni na tare*

*Gaafa gidiraan na dirtu*

*Hin beekkanne yoo na cirtu*

*Edaa na bira hin jirtuu*?

…………………………(fuula 38).

Buufata walaloo kana keessattis waloon kun sadoommii sobdhugaatti dhimma ba'ee jira. Buufata kana keessatti sarara torbaffaa irratti akka "*Gaafa gidiraan na dirtu"* jechuun ibsametti yaadota lama kan al tokkotti dhugaa yookaan soba jennee fudhachuun nutti ulfaatu nii agarra. Yaadonni kunneenis immoo akkuma toora filatame kana irratti ibsametti yaada, gidiraan na dirtu jedhu kana yoo fudhannee ilaalle, gidiraan nama miidhuun yookaan nama hubuun kanuma jiru yoo ta'u, yaada dhummaa qabu of keessaa qaba. Karaa biraan immoo, gidiraan dhugumaan qabatamaatti nama dira yookaan nama waraana kan jedhu yoo fudhanne dhugummaan isaa kan nama amansiisu miti. Kanaafuu, buufata kana keessatti yaadota al tokkotti dhugaa yookaan soba nutti fakkaatan lama waan agarruuf waloon kun mala dubbii yookiin sadoommii mitihee yookaa sobdhugaatti dhimmi ba'ameera jechuu nii dndeenya.

FKN.15 **Addunyaa Buburree**

………………………………..

*Abbaa humnaafi irree*

*Kan irra hin dabarre*

*Tanumaaf wal murree*

*Kuuwwan wal gurgurree*

*Kuun dubbiin wal urree*

*Garmalee wal dararree*

*Waan takka hin agarre*

………………………………….(fuula 64).

Buufata walaloo armaan olii kana keessattis waloon mala dubbii yookaan sadoommii sobdhugaatti gargaaramee jira. Buufata walaloo kanaa sarara shanaffaa irratti " *Kuun dubbiin*

*wal urree"* jechuun akka ibsametti yaadota lama kan al tokkotti dhugaa yookiin soba jennee murteessuun cimaa ta'u nii agarra. Yaadonni kunneenis akkuma sarara filatame kana irratti ibsametti gama tokkoon yoo ilaalle, dubbiin wal miidhuun, ittiin wal rakkisuun keessuumaa immoo jette jetteen wal hubuun kan jiruufi yaaduma dhummaa of keessaa qabudha, kana akka dhugaatti nii fudhannas. Gama biraatiin immo, dubbiin wal urree kan jedhu fudhannee yoo ilaalle, dubbiin akka meeshaa qaama namaa uruu danda'u tokkootti fudhatamee waan jiruuf, wanta jedhame kana dhugummaa isaa yoo ilaalle yaada dhugaa irraa fakkaate agarra. Kanarraa ka'uun yaada kana altokkotti dhugaa yookaan soba jennee murteessuun waan ulfaatuuf waloon kun sadoommii jiran keessaa sobdhugaatti fayyadamuu isaa hubanna.

FKN.16 **<u>Milkii Miilla Fageeffatte.</u>**

*Halkan ibsaa qabsiifatu*

*Dukkana guyyaa maal ibsatu?*

*Ija guyyaan arguu dhabde*

*Halkan maal abdatuu?*

*Hirriiba abjuu dabde*

*Mil'uun gumeeffatu*

*Milkii miila fageeffatte*

……………………..(fuula 81).

Buufata walaloo armaan olii kana keessattis akkuma fakkeenyota armaan dura fudhannee waloon kun sadoommii sobdhugaa hojiirra oolchee jira. Akkuma fakkeenyota duraan fudhannee yaadota lama kanneen eeyyee sirriidha yookaan immoo lakki soba jennee haaluma salphaadhaan murteessuun nutti ulfaatu buufata kana keessatti toora sadaffaa irratti nii agarra. Sararri kun akka "*Ija guyyaan arguu dhabde"* jechuun ibsutti iji fayyummaa qabu guyyaa osoo ifni jiruu, bakka ifni gahaan jiru tokkotti arguu dhabe, arguu didee yaada jedhu yoo fudhanne yaada dhugaa irraa fagaate yookaan immoo dhugaadha jennee fudhachuuf nutti cimudha. Kanaafuu, yaada sobaa of keessaa qaba jechuudha. Yaaduma kana karaa biraan yoo ilaalle immoo, dhugumaan osoo ifni

gahaan jiruu, ijumti fayyaa gahaa qabdu tokko yoo namni sun yaadaan hatame, qalbiin bakka biraa jiraate waan ilaalaa jiru sana arguu dhabuu nii danda'a. kun immoo mammaaksa oromoo "qalbii malee iji hin agartu" jedhu sana nu yaadachiisa. Egaa yaadota lama kan dhugaa yookaan soba jennee murteessuun nutty ulfaatu buufata kana keessatti waan agarruuf waloon kun mala dubbii yookiin sadoommi sobdhugaa yookaan mitiheetti fayyadamuu isaa hubanna.

### 3.2.6. Agiboo (Habalaka) (Irony)

Agiboon kallattii wanti tokko ittiin ibsamu irraa karaa faallaan kan ibsamudha. Malli dubbii kanaa kan nu fayyadu barreessaan yaada ibsuu barbaade sana karaa faallaa ta'een itti dhimma ba'a.Qaaccessi sadoommii kanaas akka armaan gadii kanatti dhiyaatee jira.

FKN. 17 **<u>Boroo Obboroon Daarte</u>**

*Calla cileen coomsina*

*Labata lafaa dhufaa doomsina*

*Dhaamsa diroo daree dhaamsina*

*Caffee coolagsinee caamsina*

*Ija jagna jamaa jaamsina*

*Sammuu seenaa saamsina*

…………………………(fuula 28).

Buufata walaloo armaan olii kana keessatti waloon kun sadoommii jiran keessaa agibootti fayyadamuun ergaa isaa dabarfatee jira. Buufata kana keessatti waloon kun wantoota ergaan isaanii kallattiidhaan ta'uu malan, inni immoo, karaa faallaa ta'een dabarsuuf yaalee jira. Akka sarara tokkoffaafi lammaffaa buufata kanaa irratti ibsametti "*Calla cileen coomsina"* fi "*Labata lafaa dhufaa doomsina"* sararoonni walaloo kunniin ergaan isaan dabarsan karaa faallaa ta'eenidha. Silaa wanti ta'uu qabuufi wanti jedhamuu qabu, calla cileen coomsuu osoo hin taane, callaa waan gaariin, halluu ijaaf qalbiitti toluun ibsuu, yookaan immoo akka waloon jedhe osoo hin taane, halluu jiran keessaa halluu ifaa ta'een ibsamuu mala ture. Garuu, waloon kun karaa faallaa ta'een halluu cilee kan gurraacha ibsuun ibsee jira. Kanaafuu, yaada faallaatu jira jechuudha. Dabalataanis immoo yaallee ergaan isaa karaa faallaa ta'een akka hubatamu

barbaadame kan biraan labata lafaa dhufaa doomsina yaada jedhudha. Ergaa sarara walaloo kanaa kan karaa faallaa darbaa jiru, labata yookaan dhaloota lafaa ol dhufaa jiru, barsiifna, qarra kan jedhu dha. Garuu askeessatis waloon yaada kana karaa faallaan ergaa isaa kana waan dabarseef buufata kana keessatti sadoommiin agiboo yookaan habalakni nii argama.

FKN. 18 **<u>Dharraa Dharaa</u>**

……………………….

*Qaaruu qaroo quucarsina*

*Qarreefi qaaduree qancarsina*

*Dharraa dharaa daraarsina*

*Daran diroo daree dararsina*

…………………………………(fuula 30)

Buufata filatame kana keessattis waloon kun sadoommii agiboo yookaan kan karaa faallaa ta'een ergaan waan tokkoo dabarsuuf nu fayyadu hojiirra oolchee jira. Akka buufata kana keessatti ibsametti yaadonni kunniin martinuu kan ta'uun irra hin jiraannedha. Yaadonni kunninis immoo, qaaruu qaroo (yaada beekaa), qarreefi qaaduree kana jechuun qarreefi nama gamna ta'e tokko akka jechuuti, akkasumas immoo, dhara yookaan soba daraarsuun waan gaarii miti. Waan hawaasa keessattis fudhatama hinqabne tokkodha. Kanaafuu gochaa jajjabeeffamu miti, garuu waloon yaadonni kun akka hawaasa keessatti ta'an osoo hin taane karaa fallaa isaan wanti kun akka raawwatamu waan fedheef ergaa isaa mala dubbii yookaan sadoommii agiboo yookaan habalakaa kanatti fayyadamuun dabarsee jira. Kanarraa ka'uun, buufata kana keessatti sadoommiin agiboo nii argama jechuudha.

FKN. 19 **<u>Dhibee Dhala Dhiibu</u>**

…………………………………..

*Gaafas ganda gadoomsina*

*Godoo gadadoomsina*

*Golga bulguu goobsina*

*Gola gosaa gogsina!*

……………………………(fuula 33).

Waloon kun buufata kana keessatti yaadota jajjabeeffamuu hin qabne garuu immoo ergaan isaanii karaa faallaa jechichaatiin jajjabeeffamuu qaban dabarsee jira. Akka dhuma buufata

walaloo kanaa irratti yaadota “*Golga bulguu goobsina”* fi “*Gola gosaa gogsina!”* jedhaniin ibsamaniitti, gola bulguu nii goobsu osoo hin taane nii dhabamsiisu, nii mancaasu ture, waloon garuu nii goobsina jedhee jira, nii goobsina jechuun immoo nii dagaagsina jechuudha; kun karaa faallaan hubatamuu qaba. Akkasumas immoo sarara itti aanu irratti, gola gosaa gogsina yaadne jedhu, qe’ee yookaan jireenya gosaa, aantee yookaanis firaa gogsina, balleessina, dhabamsiifna yaada jedhu ofkeessaa qaba.Kun immoo waan ta’uu hin malleefi hawaasummaa keessattis fudhatama hin qabnedha.Kanaafuu ergaan isaa karaa faallaa ta’een yemmuu ilaalamu, gola yookaan dawoo gosaa niijajjabeessuu yookaan nii utubu malee hin gogsani. Kanarraa wanti nuti hubannu waloon kun sadoommii agibootti fayyadamun ergaa isaa dabarfachuu isaati.

FKN. 19 **<u>Doomaa Qara Qaru</u>**

*Yoo dooman qara qaru*

*Qarri maal haa waqaru?*

*Silaa qarri qaroo qara*

*Jennaan qaroon quucara*

*Dooman qara qara*

*Qarrimmoo qara darara*

……………………………( fuula 67).

Akkuma fakkeenyota armaan dura fudhannee, buufanni walaloo kunis sadoommii agiboo of keessaa qaba.Yaadni silaa ta’uu malu karaa faallaa waan jedhamee kanaan ibsamee jira. Innis akka sarara dhumaa buufata walaloo kanaa irratti ibsameetti “*Qarrimmoo qara darara”* kan jedhu qarri yookaan hayyuun hayyuu biraa qara yookaan immoo beekumsa gonfachiisa ta’uu qaba ture. Kanatu waan gaaridhas. Waloon kun garuu karaa faallaa wanta jedhamee kanaan qarri yookaan hayyuun dhaloota isa boodaa yookaan hayyuu biraa dararuutti ibsee jira. Ergaa sarara walaloo kanaa karaa faallaan akka hubatamuuf barbaadee jira jechuudha. Amala gosa mala dubbii kanaa kan qabu immoo sadoommiiwwan walaloo jiran keessaa agiboo yookaan habalakadha. Waan kana ta’eef waloon kun sadoommii kanatti fayyadamee jira jechuudha.

### 3.2.7. Fakkoommii (Mallattoo) (Symbolism)

Mallattoon mala dubbii wanta ibsamu tokko mallattoolee garaagaraa fayyadamuun ergaa yaadichaa gabbisuuf kan dandeessisudha. Mallattooleen kunniin fakkoommiiwwan yaada hedduu bakka bu'anii dhiyaatan ta'anii, sadarkaa garaagaraatti akkasumas aadaa saba garaagaraa keessatti kanneen muul'atanidha. Fakkeenyaaf mallattooleen sadarkaa Addunyaatti beekaman kan akka: mallattoo Gugee, Alaabaa adii yookiin diimaa, mallattoo Baatii yookaan Urjii, Fannoofi kkf fa'a. Karaa biraan immoo, mallattoleen sadarkaa biyya tokkotti beekamanis niijiru. Fakkeenyaaf Alaabaa biyya sanaa, siidaawwan biyya sana keessatti argamaniifi kkf fa'aa ta'uu danda'u. Dabalataanis mallattooleen aadaa saba tokkoo keessatti muul'atanis nii jiru. Fakkeenyaaf saba Oromoo biratti Odaa, Siinqee, Gaachanaafi akkaataa isaan haalluwwaniif hiika itti kennan fa'aa kaasuu nii dandeenya.

Egaa waa'ee hiikaa mallattoo hamma kana erga jennee, itti aansuun immoo kitaaba walaloo "mil'uu mul'ataa" keessatti malli dubbii kun haala kamiin akka dhiyaatefi qaaccessa isaa immoo haa ilaallu.

FKN. 20 **<u>Dhiigan Dhiiga Dhugda</u>**

…………………………………

*Dhiigan dhiiga dhugda*

*Dhiiga dhuka diddiigda*

*Dhibamtee diddigda*

*Dhiibamtee dhidhiigda*
*dhabamtee jijjigda* (fuula 22).

Buufata walaloo armaan olii kana keessatti waloon sadoommii mallattootti fayyadamee jira. Sararoonni walaloo kanaa marti qaama ibsan yookiin immoo mallattoo ta'aniif qabu. "Dhiigan dhiiga kan dhugu, dhiiga dhuka kan diddigu,…." Kan ibsan qaama nama miidhu tokko, akka hawaasni hiika itti laatutti gantuu, shirtuu, hamattuufi kkf ta'uu danda'a. kanas kan hubannu immoo gochaa qaamni jedhame kun raawwatu irraa kaaneeti. Egaa jechoonni armaan oliitti ilaalle kun mallattoo gantuu yookiin baalteessituu ta'u jechuudha. Yookaanis immoo mallattoo

waa'een isaa jedhamaa jiruu kana ta'u jechuudha. Malli dubbii tooftaa kana ibsu immoo, sadoommii mallattooti, kanaafuu, buufata walaloo kana keessatti sadoommiin kun hojiirra oolee jira jechuudha.

FKN.21 **<u>Homaallee Hin Qaanoftuu?</u>**

*Jaanjoo jaanjoftuu*
*Tabjii tabjajoftuu*
*Gufuu gugguuftuu*
*Jaarii jarjartuu*
*Jaallan jajalloo*
*Manjoo maanjalloo*

……………………..(fuula 66).

Buufata walaloo kana keessattis waloon kun mala dubbii yookaan sadoommii mallattootti fayyadamee ergaa isaa dabarsee jira. Sararoonni buufata walaloo kana keessaa jiran martuu qaama yookiin nama ibsan yookiin bakka bu'an qabu. " jaanjoo, tabjii, gufuu, jaarii,…" jechoonni jedhan kunniin qaama sababa hammeenya isaatiin yookaan gocha isaatiin waa'een isaa ibsamaa jiru kana bakka bu'u yookaan immoo mallattoo isaati jechuudha. Kanarraa wanti hubannuu immoo waloon kun jechoota kana mallattoo waa'ee, waa'een isaa jedhamaa yookiin dubbatamaa jiruu godhachuun ergaa isaa dabarfatee jira. Kanaafuu, sadoommii mallattootti fayyadamee jira jechuu nii dandeenya.

FKN. 22**<u>Cuqqee koo! Ciqilee Koo!</u>**

*Hidda humna tokkuummaa*

*Baattoo tooba eenyummaa*

*Walgeetti yaa'ii sabaa*

*Milkeechaa rakkataafi dhabaa*

*Xurree hin qabne sakkaba*

*Akkamiin bulchite dabaa?*

………………………… (fuula 44).

Waloon kun buufata kana keessattis akkuma fakkeenyota armaan olii keessatti ilaalle sadoommii mallattootti gargaaramee ergaa isaa dabarfatee jira.Buufanni walaloo kanaa waa'ee gaara Cuqqaalaa lallaba. Jechoonni inni buufata kana keessatti tarreesse kana akka "hidda humna tokkuummaa, baattoo tooba eenyummaa, walgeettii yaa'ii sabaa,…" jedhan kunniin gaara Cuqqaalaa bakka bu'u. ibsitoota gaara kanaati. Waloom kun jechoota kanneen akka mallattoo gaaraa kanatti itti fayyadamee jira. Egaa walaloo isaa kana keessatti maqaa gaara kana irra deddeebiin yoo barreessee dhaggeeffataa yookaan dubbisaa nuffisiisuu waan danda'uuf jechoota yookaan himoota kana mallattoo gaara kanaa godhachuun ibsee jira. Kanaafuu, sadoommii mallattootti fayyadamee jira.

### 3.2.8. Tuqsee (Allusion)

Tuqseen (tuqxuu seenaa) waan tokko, bakka wayii maqaa dhahuun namas ta'ee, waan biro seenaa darbe waliin walitti hidhuun dhiyeessuuf kan gargaarudha. Malli dubbii kunis kitaaba kuusaa walaloo "mil'uu mul'ataa" keessatti haala asii gadii kanaan qaacceffamee jira.

FKN.23**<u>Cuqqee koo! Ciqilee Koo!</u>**

*Gaafa cuqqaalli laafu*

*Cuqqaallaan nu daafu*

*Dhabnee safuufi hoofuu*

*Gara fedhanitti nu oofu*

*Tolee waan hundaafuu*

*Hunduu nutti haa hafu*

*Waliifis haa gallu*

*Cuqqeef haa duullu*

……………………… (fuula 44-45).

Buufata walaloo kanaa keessatti waloon kun sadoommii tuqseetti gargaaramuun waa'ee miidhama gaara Cuqqaalaa ibsee jira. Gaarri Cuqqaalaa Oromiyaa, godina shawaa bahaa Aanaa Liiban Cuqqaalaa keessatti kan argamu yemmuu ta'u, gaara beekama yemmuu ta'u, yeroo

ammaa kana sababoota addaddaan keessumaa balaa ibiddaa fi ciramaan hubamaa jira. Egaa gaarri kun gaara bineensota hedduu of keessaa qabuufi haala qilleensa naannoo sanaaf qilleensa gahaa kennudha. Haa ta'u malee mancaatiin irra ga'aa waan jiruuf waloon kun walaloo isaa kana fayyadamee miidhaa gaara kana irra ga'aa jiru sadoommii tuqsee kana gargaaramuun bifa waa'ee seenaafi faayidaa gaara kana ibsuun ibsuuf yaalee jira. Kanaafuu, waloon kun sadoommii tuqseetti gargaaranuun ergaa kana dabarsee jira jechuudha.

FKN. 24**<u>Miira Miiraan Miidhame</u>**

…………………………………….

*Manni bareedee ijaarame*

*Sirnaafi seeran sararamee*
*Sodaa soddaan sossobamee*

*Saba sobduudhaan sobamee*

*Yoo seenaadhaan saamame*

……………………………(fuula 70).

Buufata walaloo kana keessattis waloon kun mala dubbii yookaan sadoommii tuqseetti fayyadamee jira. Buufanni kun waa'ee seenaa uummata Oromoo kan tuqudha. Akka seenaan jedhutti uummanni Oromoo uummata baha afrikaa keessatti bal'aafi beekamaadha. Qarooma fi kalaqa mataa isaa saba qabudha. Seenaan akka ibsutti garuu, seenaa uummata kanaa akka hin taanetti jijjiiruun barreesuu haayyota habashaafi seenaa uummata Oromoo hedduu gara kan isaaniitti fudhachuun maqaa jijjiranii ibsachuu isaanitu himama. Egaa buufata walaloo kana keessatti toorri shanaffaan akka "*Yoo seenaadhaan saamame"*jedhutti seenaan uummata Oromoo hatamuu isaa seenaa darbe keessaa as fiduun nu yaadachiisuun bifa tuqata seenaatiin nutti himee jira. Kanarraa ka'uun waloon kun sadoommii tuqseetti dhimma ba'eera jechuu niidandeenya.

FKN. 25 **<u>Gaaddisa Gadaa</u>**

………………………………

*Gaaddisa gadaa golgoleechinee*

*Gaaddidduu gamtaa guulchine*

*Gadaatu cabee*

*Gaddi nu qabe* (fuula 71).

Buufanni walaloo kanaas wanta seenaa keessatti ta'e keessumaa seenaa uummata Oromoo keessatti ta'e seenaa keessaa tuquun nu yaadachiisa. Innis akka sarara sadaffaa toora walaloo kanaa irratti "*Gadaatu cabee"* jechuun ibsametti, uummanni Oromoo durii kaasee Sirna Gadaatiin bulaa akka tureefi akka kitaabni seenaa jedhutti immoo, jaarraa kudha-jahaffaa irraa eegalee sababoota dhiibbaa keessaafi alaatiin sirna Gadaa kanaa jalatti buluun hafuun gadaan cabuun sirna bulchiinsa Abbaa irree jalatti kufuun akka dhufedha. Egaa buufanni walaloo kanaa seenaa guddaa akkasii kana seenaa darbe keessaa tuqachuun kan nu yaadachiisudha. Kun immoo kan nu hubachiisu waloon kun sadoommii amala akkasii kana qabu, sadoommii tuqseetti fayyadamuu isaati.

FKN. 26 **<u>Faajjii Ifaajjii</u>**

…………………………

*Wareegama dhiiga qaxalee*

*Gumee gootota kalee*

*Dagattan garmalee*

*Irraa gortan akka malee*

…………………………..(fuula 80).

Buufanni walaloo kanaas akkuma fakkeenyota armaan oliitti ilaallee sadoommii tuqseetti fayyadamuun seenaa keessa waa'ee gootota darbanii tuquun nu yaadachiisa. Innis akka sarara walaloo kanaa toora lammaffaa irratti "*Gumee gootota kale"* jechuun ibsametti, gumee jechuun meeshaa faanaa aadaa Oromoo kan harkarratti godhamu yemmuu ta'u, waloon kun gumee kana imaanaa yookaan waadaatti fakkeessuun akka gootonni seenaa keessatti beekaman imaanaa dhalootatti laatanii dhaloonni immoo imaanaa sana galmaan ga'uu dadhabeetti ibsee jira. Wanti guddaan sararri walaloo kanaa nu yaadachiisu gootonni Oromoo kanneen seenaa keessatti beekamoo ta'an dhalootaaf imaanaa dhaaman qabaachuu isaaniifi waa'eenuma seenaa gootota kanneeniti. Egaa buufata kana keessatti haala kanaan waloon kun sadoommii Tuqseetti fayyadamuun seenaa waan nu yaadachiiseef sadoommiin kun hojiirra ooleera.

### 3.2.9. Atee( Jedhiiyaadi) (Apostrophe)

Ateen waan nu bira hin jirre tokko akka waan nu bira jiruutti ofitti dhiyeessinee waliin dubbachuun, gaaffii gaafachuufi waliin haasa'uu kan ofkeessaa qabudha. Kana malees wanta tokko kan nu waliin dubbachuu hin dandeenye, waan akka lagaa, gaaraa, dacheefi kkf fa'aatti haasa'uun waliin dubbii taasisuufaa of keessaa qaba. Walaloo "mil'uu mul'ataa" keessatti haala kamiin akka malli dubbii kun dhiyaate qaaccessa itti aanuu kanaan haa ilaallu.

FKN. 27**<u>Cuqqee koo! Ciqilee Koo!</u>**

*Galaas galatas dhabdee*

*Maarabbaan ilmaan kee cabdee*

*Oolmaankees ta'ee boba'a*

*Dhalli kees boo'aa bobba'a*

*Galaanas  galaas ganamtee*

*Galaanis, galaaninis gatamtee*

………………………………..(fuula 45).

Walaloon armaan olii kun sadoommii walaloo jiran keessaa wanteessuutti dhimma ba'ee jira. Buufata kana keessatti waloon kun gaara Cuqqaalaatti dubbata. Akka waan gaarri cuqqaalaa dubbii isaa kana dhaggeeffachuun deebii laatuufitti, akka waan gaarri kun akka namaatti

dandeetti dhaga'uu qabaachuun miireffatuutti garaa kanatti dubbata. Gaarri kun garuu dubbii isaa kana hin dhaga'u, deebiis hin laatuufi. Egaa waloon kun immoo miidhaa sababoota addaddaan gaara kana irra ga'u mala dubbii yookiin immoo sadoommii kana gargaaramuun ergaa isaa dabarfachaa jira. Walumaagalatti waloon kun bifa gaara kanatti haasa'uun gosa sadoommii wanteessuu yookiin jedhi yaadii kanatti fayyadamee jira. Kanaafuu, buufata kana keessatti sadoommiin kun nii muula'ata.

FKN. 28 **Aadde Gufuu**

……………………………..

*Ati garuu, biyyee uffattee*

*Dhuka dhukkee dhokattee*

*Na rukuttus gufuu*

*Ani kufee hin hafuu*

*Karaatti na danqitee*

*Ammaaf na cinqitee*

………………………(fuula 49).

Buufata walaloo kana keessattis waloon kun sadoommii ate yookaan wanteessuutti fayyadamee jira. Waloon buufata kana keessatti gufuutti dubbata. Kufuun jirma mukni irraa murame kan hundeen isaa lafa keessatti hafe yookaan immoo dhagaa kan karaa irra jiru tasa kan miila namaa dha'uun nama gufachiisu, yookaan deemsa namaa irratti dhiibbaa uumu jechuudha. Egaa waloon wanta kanatti dubbata. Akka waan gufuun kun haasaa isaa kana dhaga'uun miireffatuutti, yookaan immoo dubbii isaa kanaaf deebii laachuufi danda'uutti faana haasa'a. Garuu gufuun uumama dubbachuufi miireffachuu hin dandeenyedha. Egaa haala kanaan waloon mala dubbii yookaan sadoommii kanatti dhimma ba'uun ergaa isaa dabarfata.Kanaafuu, sadoommii ateetti fayyadamee jira jechuu dandeenya.

FKN. 29 **Xaxaa Lafaa**

………………………

*Manni haa lakkaa'u*

*Seenan haa haasa'u*

*Yaa xaxaa lafaa*

*Meeqa taasiste naafa?* (fuula 57).

Waloon kun buufata walaloo filatame kana keessatti akkuma fakkeenyota armaan dura fudhannee, wanta uumamaan dubbachuu hin dandeenyeefi miiraffachuu hin dandeenye "xaxaa lafaa" yookiin bu'aa ba'ii lafa kana irra jirutti haasa'a. Xaxaan lafaa kun garuu isatti deebisee hin dubbatu, dubbii isaa kana shin miireffatu. Egaa buufata walaloo kanaa keessatti mala dubbii yookaan sadoommii ate yookaan wanteessuu fayyadamuun waloon kun bu'aa ba'ii lafaa irratti wantoota dhala namaa quunnaman ibsa. Kanarraa wanti hubannu buufata walaloo kana keessatti sadoommiin ateen argamuu isaati.

FKN. 30 **Dhugaa**

…………………………..

*Siin tolle; siin oollee bulle*

*Si sobnaan solloqatti galle*

*Solloqattis silliqfamnee*

*Sammuuf sakaalamne*

………………….. (fuula 78).

Buufata walaloo kana keessattis waloon kun sadoommii wantessuutti fayyadamee jira. Akkuma buufata kana irraa hubannutti waloon kun dhugaatti dhubbata yookaan immoo dhugaa waliin haasa'a. Garuu, dhugaan immoo dubbii isaa kana dhaggeeffachuun deebii kan laatuuf miti. Isas hin dhaga'u.Gosti sadoommii amala kana ibsu immoo sadoommii wanteessuudha. Kanaafuu, waloon kun mala dubbii yookaan sadoommii kana fayyadamuun ergaa isaa waan dabarfateef gosa sadoommii kanatti fayyadame jechuu nidandeenya.

# BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 4.1. Cuunfaa

Boqonnaawwan waraqaa qorannoo kanaa darban irraa hubachuun akkuma dandaa'amu, qorannoon kun mata duree "Qaaccessa sadoommii Kitaaba Walaloo mil'uu mul'ataa" jedhu irratti kan hojjetamedha. Boqonnaalee shanitti qoqqoodamuun kan dhiyaate yemmuu ta'u, Waraqaan qorannoo kun akka kaayyootti yaadonni ijoon irratti xiyyeeffate gosoota sadoommii kitaaba walaloo kana keessatti argaman sagal irratti kan qaacceffame yemmuu ta'u, isaanis: Akkasaa, Bakkasaa, Nameessuu, Arbeessuu, Sobdhugaa, Atee, Tuqsee, agiboofi Mallattoodha.

Gosti sadoommii kunis ga'ee isaan kitaaba walaloo kanaa keessatti qaban wantoonni walaloo kana keessatti ibsaman akkaataa namootaaf galuu danda'uufi wanta jedhameen alatti erga biroo kitaaba walaloo kana keessa jiru dubbistoonni kitaaba kanaa akka hubataniif waraqaa qorannoo gumaacha godhedha. Kaayyoowwan qorannoon kun qabatee ka'e galmaan ga'uufis kitaabni walaloo qorannoon kun irratti xiyyeeffatuu haala gaariifi gadi fageenyaan dubbifamuun gosa sadoommii inni of keessaa qabuufi ergaa inni dabarsuu hubatamuuf yaalameera.

Gosoota sadoommii kitaaba walaloo kana keessatti argaman saglanuu tarreessuun tokkoon tokkoon isaaniitiif fakkeenya fudhachuun qaaccessi godhameera.

Akkasumas, waraqaan qorannoo kun ragaalee quubsaa ta'an kanneen mata-duree qorannoo kanaa waliin walqabatan, kanneen maalummaafi gosoota sadoommii ibsan irratti kitaabonni garaagaraa sakatta'amanii argamaniiru.

## 4.2. Argannoo

Qorannoon kun kaayyoowwan qabatee ka'e qaba. Kaayyoowwan qorannoo kanaa sadoommii kitaaba walaloo "MIL'UU MUL'ATAA" keessatti argaman addaan baasuun ibsuufi faayidaa isaan kitaaba kana keessatti kennan qaaccesuudha. Haaluma kanaan walqabatee argannoowwan armaan gadii kunneen argamaniiru.

**1**). Waloon Kitaaba walaloo kana keessatti sadoommii addaddaatti dhimma ba'eera. sadoommiin kunneenis, nameessuu, iddeessuu, akkasaa, sobdhugaa, arbeessuu, atee, tuqsee, agiboofi mallattoodha.

**2**). Gahee sadoommiin ergaa walaloo kana keessatti qabu ilaalchisee, sadoommiinfayyadamaafaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisu ta'uun isaa irra gahameera.

### 4.3. Yaboo

Walaloon quuqqaa, seenaafi waan hawaasni hin hubanne hubachiisuu keessatti gahee olaanaa gosa ogbarruu qabudha. Qorannoon kun immoo kitaaba walaloo kana keessattin sadoommii waloon dhimma itti ba'uun ergaa isaa dabarfate qaaccessuu qofa irratti xiyyeeffata. Sadoommiin immoo qaamolee walaloo tokko ijaaran keessaa warra filannoo jechaa waloon fayyadamu jalatti ramadamanidha. Sadoommii kanneenitti dhimma ba'uun waloon immoo walaloon kun ergaafi yaada bal'aa akka qabaatu godheera. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti kitaaba walaloo kana irratti qaacceessa sadoommii qofatu godhame waan ta'eef:

Gama itti fayyadama afaaniin, ergaa isaan, haala dhiyeenya isaan, akkaataa ijaarsa isaafi dogongora qubeessuu isaa ilaaluun qorannoon biraa osoo godhamee gaarii ta'a.

**WABII**


Ahmad Mohammad. (2012). *"Xiinxala Sadoommiiwwan Walaloo "A'aa!"*. Digirii Jalqabaa Guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf Kan Dhiyaate. (kan hinmaxxanfamne).

Berhanu Mathews. (1999). *Fundamental of Literature*: Addis Ababa University. (Unpublished).

Berhanu Mathews. (2009). *Fundamental of Literature*: Addis Ababa:Alpha Printers PLC.

Dinqee Galataa. (2019). *"Xiinxala Sadoommii Asoosama Dheeraa Arraa Gurbaa."* Digirii Jalqabaa Guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf Kan Dhiyaate. (kan hinmaxxanfamne).

Dirribaa Biiftuu. (2020). *Mil'uu Mul'ataa.* Finfinnee: Oromiyaa

Fedhasaa Taaddasaa .(2013). *Subii: Bu''uuraalee Ogbarruu Oromoo.* Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Subi Printing Press.

Fedhasaa Taaddasaa .( (2017).*Bu'uraalee Ogbarruu Oromoo.* Finfinnee: Ilsaaba Printing Press.

Harry Shaw. (1905). *Dictionary Of Literary Terms*. New York : Mc Graw Hill Book Compan.

Ibsaa Adduunyaa. (2018). *"Xiinxala malleen dubbii ogwalaoo Anaani'a keessatti"* Digirii lammaffaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxanfamne).

Isaaq Bariisoo. ( 2003). "*Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubefi Kumee Kumaatamaa"*. Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxanfamne)

Misgaanuu,Fiqaaduufi Kaawwan,(2012).*Bu'uuraalee ogbarruu.(Afol 231).*Yunivarsiitii Amboo Barnoota gannaaf dhihaaatee (kan hin maxxanfamne).

Sinqinash Alamuu. (2019). "*Qaaccessa Malleen Dubbiifi Suuressuu Walaloo Obonboleettii*." Digirii Lammataa Guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf Dhiyaate. (kan hinmaxxanfamne).

**Waraqaa mirkaneeffaannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta’uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yuuniivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaan dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiin nin mirkaneessa.

**Maqaa Qorataa______________________________**

Mallattoo ____________________________

Guyyaa _____________________________

**Maqaa Gorsaa ________________________________**

Mallattoo_____________________________